

Bulchiinsa (itti gaafatamummaa) ija Islaamaatiin.

Kana malees bulchiinsaan wal-qabatee ilaalca Islaamni qabu gabaabsinee haa ilaallu.

Itti gaafatamummaa ykn bulchiinsa ija Islaamaatiin namoonni hedduun dhiphisnee ilaaluun keenya ifa.

Haa ta'u malee itti gaafatamummaan ija Islaamaatiin hiikaa fi iddoo bal'aa qaba. Akkuma seensa irratti tuttuqnee turre Nabiyyiin keenya Muhammad (S.A.W) kan isaan namoota tuuta nama sadi'iitiin deemanuufillee hogganaa akka filatanuuf kan isaan ajajaniif ergaan isaa ifa gala dha.

Kana malees Hadiisa Muslim irraa nuuf odeeffame keessatti *"Hundi keessanuu tiksitoota. Waan tiksitan irraas ni gaafatamtu..."* yeroo nuun jedhu namni hunduu itti gaafatamummaa mataa mataa isaa akka qabu nu hubachiisa. Kanaafuu namni hunduu itti gaafatamummaa mataa isaa akka qabu jala muree beekuu qaba.

Islaamni Itti gaafatamummaa kana keessatti lubbuu keenya irraa yoo eegaluu. Fakkeenyaaf ergamaan keenya Muhammad (S.A.W) *"Bakka feete yoo jiraattellee Rabbii kee sodaadhu."*, *"yeroo nama waliin jiraattu haala gaariin waliin jiraadhu."*, *"yeroo hamtuu tokko hojjettu toltuu kaan duukaa buusii hojjedhu..."* kan isaan jedhan fi kanneen biroos. Itti gaafatamummaa fi hoggansa lubbuu keenya irratti qabnu nuuf ibsa.

Itti aansuun gara maatiitti yeroo dhufnu ergamaan keenya Muhammad (S.A.W) abbootiin ilmaan jaraa akka salaatanuuf waggaa meeqatti akka ajajanu, waggaa meeqatti ammoo akka adabanuu fi waggaa meeqatti tarkaanfii barbaachisu

akka fudhachuu qabanu kan isaan adda adda baasanii kaayan sababa hoggansummaan bakka guddaa qabuufi.

Akkasuamas-- hadiisa kanaaf beektonni "hadiisa kanaaf hundeesaa hin beeknu." Jedhu. -- guyyaa qiyaamaa fuuldura Rabbiitti yakka dubartii tokkoo waliin namoonni meeqa akka dhiyaatanu yeroo ibsanu. Namoonni sunneen dubartittii irraa akka itti gaafatamummaa qabanu ibsa.

Bifuma kanaan maatii irraa gara firaatti, fira irraa gara ollaatti, ollaa irraa gara sabaatti, saba irraa gara biyyaatti,... tarkaanfataa adeema. Kanneen keessaa isa tokkoo fi ijoo kan ta'e itti gaafatamummaa bulchiinsa hawaasaa(biyyaa)ti.

Rabbiin Qur'aana keessatti yeroo ajaja isaa, kan ergamaa isaa fi kan bulchitootaas akka eegnu nuuf himu. Amantaa Islaamaa keessatti bulchiinsii fi bulchitoonni bakka guddaa akka qabanu nuuf ibsa.

Akkasumas ergamaan keenya Muhammad (S.A.W) amantaan nasiihaa ta'uu isaa himanii eenyuuf akka ta'e yeroo gaafatamanus "*Rabbiif, ergamaa isaatiif, bulchitootaaf,...*" jedhanii gaafa nuuf himanu kun bulchiinsi ija amantaa Islaamaa keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Kana malees keeyyatoota Qur'aanaa hedduu fi hadiisota Nabiyyii Muhammad hedduu tuttuquun dhimma bulchiinsaan wal qabate keessatti bal'inaan ilaaluu ni

dandeenya. Garuu hubannodhaaf ga'aa waan ta'eef hammanaan bira haa tarru.

Garuu bulchiinsa kanaaf hoo bulchaa akkamiitu barbaachisa isa jedhuuf mata-duree itti aanu keesatti ilaalla.

Bulchaa

Bulchaan qaamolee barbaachisoo afran bulchiinsaa keessaa isa tokkoo fi akka qaama nama tokkootti yoo ilaalle ammoo bakka qaama keessatti mataan qabu kan qabatu dha. Bulchiinsi bulchaa malee jechuun qaama mataa malee akka jechuuti. Hiika bulchaa yoo ilaalle ammoo mata-duree bulchiinsa jedhu jalatti hiikolii hedduu jiranu keessaa hanga ta'e ilaaluudhaaf yaalleerra. Gara bulchaattis yoo dhufne isuma mata-duree sana jalatti "bulchiinsa jechuun gochuudha." jennee turre. "Bulchaan nama gochuu danda'u ta'uu qaba."Jennee sirreessuu waan ta'eef deebisnee barreessuu mannaa dudduubatti deebinee haa dubbisnu. Gara ulaagaalee bulchaa tokkootti yeroo dhufnu ammoo barreessitoonni ulaagaalee mataa mataa jaraa bifoota adda addaatiin kaa'u. Mee jarreen sana keessaa hanga ta'e haa ilaallu.

1. Mul'ata

Mul'anni ulaagaa bulchaan tokko qabaachuu qabu keessaa isa tokko. Bulchaan mul'ata hin qabne tokko siluma bulchaa jedhamee hin waamamu.

Mul'anni meeshaa bulchaan tokko bulchiinsa isaa ittiin jijjiiruu danda'u keessaa isa guddaa fi barbaachisaa dha.

Walumaa galatti barreessitoonni yeroo dubbatanu bulchaa sana akka konkolaataa tokkootti ilaaluun mul'ata bulchaa tokkoof akka boba'aatti ilaalu. Kana jechuun bulchaan tokko mul'ata malee jechuun konkolaataa boba'a malee akka jechuuti. Konkolaataan ammoo boba'a malee sibiila dhaabbataa jiru malee konkolaataa jedhamuu hin danda'u.

2. Karoora

Barbaachisummaa karoora mata-duree "*bulchiinsa*" jedhu jalatti gabaabsinee ilaallee turre. Haa ta'u malee barbaachisummaa karoorri bulchiinsa tokko keessatti bulchaa sanaaf qabu irratti hundaa'uun itti deebinee mee ammas gabaabsineetuma hanga ta'e itti haa daballu.

Karoorri geggeessaa tokkoof akka daandiiti. Daandii qabatee gara galma milkaa'ina isaatti deemu hin qabu taanaan bosona guddaa, lafa qoreen guutame, dhagaa, laggeen, fi kanneen biroo keessa adeema jechuudha. Daandileen kunneen ammoo tarii biyya inni barbaade dhiisanii biyya biraatti isa baasuu danda'u. Yoo biyya inni barbaadutti isa baasanillee dadhabbii fi miidhama hedduu booda qaqqabuutu mala.

Haa ta'u malee yoo daandii irra deemu beeke galmi isaa isa harkaa badee biyya biraa hin deemu jechuudha. Bulchaan tokko yeroo gochi wa'ii akka hojiirra oolu barbaadu

ulaagaalee karoora afran ni guuta taanaan gocha sanaaf gufuun isa danqu hin jiraatu jechuu dha. Yoo jiraates ni salphata.

Isaanis;-

- Gochichi yoom akka hojjetamu.
- Eessatti akka hojjetamu.
- Eenyuun akka hojjetamu fi
- Akkamitti akka hojjetamu kaa'uu qaba.

Jarreen armaan olitti waamne keessaa tokko hanqannaan karoorichi karoora hin ta'u. akkuma reefuu dubbanne ammoo bulchaan karoora malee akka nama biyya tokko deemuuf laggeen fi mukkeen keessa adeemaa jiraatuuti. Galma deemuuf ga'uun isaa shakkii guddaa keessatti kan hammatame dha. Gabaabinumatti bulchaan tokko hojiitti seenuu isaatiin duratti karoora adeemsa isaatiif barbaachisu guutummaatti hordoftoota isaa waliin ta'uun baafachuun isaa dirqama.

3. Amala

Bulchaan tokko tarii beekumsa guddaa,karoora jabaa, mul'ata barbaachisaa fi ejjennoo ga'aa qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee amala gaarii hin qabu taanaan beekumsa qabu,karoora baafate, akkasumas mul'ataa fi ejjennoo isaa galmaan ga'achuu hin danda'u. Sababni isaas walitti

dhufeenyi hordoftoota isaa fi hawaasa waliinillee qabu xiqqaa waan ta'eef.

Walumaa galatti bulchaan amala gaarii hin qabne tokko fudhatama hin argatu. Fudhatama hin qabu taanaan ammoo beekumsii fi dandeettiin isaa qofaa isaa woma tokkollee isa fayyaduu dhiisuutu mala. Kanaafuu ulaagaalee bulchaa tokkoof barbaachisan keessaa inni tokko amala gaariidha.

4. Xiyyeeffannoo

Beektonni yeroo walitti dhufeenya xiyyeeffannoo fi bulchaa kaa'anu "*Xiyyeeffannoon bulchaadhaaf furtuu dha.*" Jedhanii ibsu. Kana jechuun yoo furtuu sana hin qabaatin mana itti seenuu barbaade sana seenuu hin danda'u. Kanaafuu mana sana seenuuf jecha ulaa (balbala) mana sanaa ni cabsa. Ykn ammoo hin seenu ta'a.

Bulchaan bulchiinsa isaa keessatti karoora karoorse irratti hundaa'uun galma kaayyoo isaaf xiyyeeffannoo kenna. Yoo hin ta'in balbala milkaa'inaa tokkollee osoo seeraan banee hin seenin kaan cabsee kaan ammoo osoo hin seenin hafa jechuu dha.

5. Qunnamtii

Bulchaa tokkoof qunnamtiin ulaagaalee isa barbaachisan gurguddoo keessaa isa tokko.

Bulchaan tokko mataa isaa waliin, hordoftoota isaa waliin, hawaasa bulchu waliin, akkasumas bulchitoota ollaa isaa jiran fi kaanis dabalatee Kanneen bulchiinsa isaaf barbaachisoo ta'an waliin qunnamtii ga'aa hin qabu taanaan sun bulchaa jedhamuu hin danda'u. Yoo bulchaa ta'ellee bulchaa bulchiinsa kufaa ti.

Akkuma karoora baafatee, ejjennoo qabaatee, seexaa horatee, kutannoon of wareegee bulchiinsa isaa fuul-duratti tarkaanfachiisuuf dharra'aa jiru. Tarkaanfii isaa kanaan wal-qabatee hordoftoonni isaas ta'ee ummanni inni bulchaa jiru *"Maal dhagahu laata? Maal hoo jedhaa jiru laata?"* jedhee dhaggeeffachuu qaba.

Erga dhaggeeffateen boodas ammoo *"Maalin jechuunii qaba?"* jedhee itti yaaduu qaba. Sana boodas qaamota sana waliin qunnamtii barbaachisaa ta'e gochuun dirqama isaati. Yoo hin taane akkuma reefuu jenne *"Bulchaa bulchiinsa kufaa"* jedhama.

Jarreen armaan olitti ibsine malees kannen akka;

- ✓ ejjennoo
- ✓ fudhatama
- ✓ seexaa
- ✓ amanamummaa
- ✓ kabaja
- ✓ dirqama bahachuu
- ✓ of-ittummaa irraa fagaachuu

fi kanneen biroos ni waamamu.

Ibsa jarreen amma tarreessinee fi kanneen hafaniis argachuuf kitaabban wabiif xumura irratti kaayaman ilaaluun jararraa guutummaatti argchuu ni dandeessu.

Bulchaa ija Islaamaatiin

Iddoo bulchaa fi bulchiinsi Islaama keessatti qabanu ibsuuf gabaabsinee mata-duree “*Bulchiinsa*” jedhu jalatti ilaaluuf yaallee jirra. Kanaafuu of duuba deebinee haa dubbisnu.

Kana malees bulchaan addunyaa kanaaf barbaachisu bulchaa akkamii akka ta’e beekuufis boqonnaa fuul-duratti itti adeemnu keessatti yeroo Umar ibnu Abdul’aziiz bulchiinsa walii galaa irratti aangoo argatu beektota hedduu irraa bifa xalayaa fi gorsa kallattiitiin ergaaleen isa qaqqaban hedduutu argamu. Achi keessatti xiinxaluun ni danda’ama. Jara keessaas hanga ta’e kaa’uuf yaaleen jira. Achirratti ulaagaalee bulchaa gaariif barbaachisanu kanneen nuti armaan gaditti tarreessinuun wal-qabatee argachuu ni dandeessu. Kana malees beektonni Islaamaa akka Ibnu Taymiyaa⁶ fi kanneen biroos kitaabban adda addaa keessatti kaayaniiru. Ulaagaalee sana keessaa hanga ta’e dubbachuuf haa yaallu.

I. Nama keessoon isaa jabaa ta’uu qaba.

⁶ Kitaaba isaanii (Ar-Raa’ii War-Ra’iyyaa) tiksaa fi tika. / bulchaa fi bulchiinsa. Jedhu keessatti.

Bulchaan tokko bulchaa ga'eessaa fi bu'a qabeessa ta'uudhaaf dirqama akka dhuunfaa isaatti nama keessoon isaa jabaa ta'uu qaba. Ta'uu baannaan ofiifis ta'ee bulchiinsa bulchu sanaafis bu'aan inni buusu osoo jiraatee kufiinsa qofa.

Kanumaafis Rabbiin keenya (S.W) ergamaa isaa Muhammadiin hunda dura keessoo isaanii akka jabeessanu gochuun bulchiinsaaf kan inni isaan qopheesse.

Fakkeenyaaf ergamaan keenya Muhammad (S.A.W)ummata biratti beekamtii argatanii ummataaf daandii jiruuf jireenyaa ta'uu isaaniitiin duratti Rabbiin Qur'aana itti buusee *"Yaa namtichi of mammartee jirtu:halkan dhaabbadhu(salaati) : qixxee isaa ykn ammoo xiqqoodhuma hir'isi : ykn ammoo qixxeerras dabarsi Qur'aanas suuta seeraan qara'i : nuti jecha jabaa wa'ii sitti gatuufadeemna."*⁷ jedhe.

Keyyattoota (aayatoota) Qur'aanaa kanneen keessatti durarraa yoo ilaalle ergamaan keenya Muhammad keessoon isaanii akka jabina qabaatu kan akeeku yoo ta'u. Xumura irratti ammoo maaliif jajjabinni kun akka barbaachise akeekuuf jecha *"nuti jecha jabaa ta'e tokko sitti gatuufi (dhimma jabaa tokko sitti kennuufi)"* jechuun isaan hubachiise.

⁷ Suuraa Al-Muzzammil (Boq. 73 : Lakk. 1 - 5)

Kun bulchiinsa tokkoof bulchaa ta'anii tajaajiluun dhimma jabaa akka ta'ee fi dhimma jabaa sana kan baachuu danda'u namoota jabina keessoo qabanu akka ta'an nuuf ibsa.

Kanaafuu ga'umsa bulchaa tokkootiif jajjabinni keessoo isaa murteessaa akka ta'e hubachuu dandeenya.